Arfaasaa 6, 2016

Addi Bilisummaa Oromoo akka dhaaba dursuuf J/Galaasaa Dilboo filuu haala boonsaa taheen beeksisa

Yeroo murteessaa tahe ammaa keessatti duguuggaan sanyii saba Oromoo irraa gahaa jira. Wayyaaneen labsii yeroo hatattamaa labsuun hegeree Oromiyaa balleessuuf dardaraa fi shamaranirratti kan xiyyeefate ajjeechaa, hidhaa, arihamaaa fi dararama adda addaa Oromiyaa guutuutti geggeessaa jiraachuun beekamaa dha.

Uummanni Oromoo balaa guddaa kana qolachuuf diddaa jabaa garsiisaa jiran. Diddaan tokkummaadhaan uummanni Oromoo garsiisaa jiru kun, haalaan barbaachisaa tahuun ni hubatama, akkasumas dhaaba siyaasaa hundaa hammataa kan tahe, kan uummataa fi qabeenya gara qabsoo bilisummaa sochoosuu danda'u, kan haala jiru hubatee walabummaa biyyaa keenyaa mirkaneessu barbaachisaa tahuun ni hubatama.

Gumiin Sabaa Adda Bilisummaa Oromoo (GS-ABO) walgahee xiinxala godhee ture keessatti, balaa amma Wayyaaneedhaan geggeeffamaa jiru kana aggachuudhaaf hojiidhaan kan qorame tokkummaan dhaabota siyaasaa barbaachisaa tahuu fi waan dandeenyuun biyya keenyaaf falmuun yoomiyyuu caalaa amma murteessa tahuu akeekachiisee jira.

Kana hubachuudhaan, rakkoo jiru fi balaa as deemaa jiru guutuutti hubachuudhaan ABO dhaaba toora galfachuu fi hoggana haarawa kanneen uummata isaanii murannoo fi dhugaan qaceelchuu danda'an filachuun barbaachisaa tahee argame. Akkasumas, bulchiinsi fi caasaan dhaabaa Oromiyaa keessaa fi alatti haaromuu asumaan hubachiifna.

Kanarratti hundaa'uudhaan, akka seeraa fi heera dhaabaa tti, karaa dimokraatawaa taheen J/Galaasaa Dilboo hayyu duree Adda Bilisummaa Oromoo J/Mulugeetaa Moosisaa itti aanaa hayyu duree Adda bilisummaa Oromoo tahanii filamuu isaanii gammachuu guddaadhaan beeksifna.

J/Galaasaa Dilboo Oromiyaa guutuutti kan beekamu, hawaasa Oromoo irraa jaalala, mararfannoo fi ulfina guddaa kan qabu, bilisummaa saba issaaf kan if kenne, muuxannoo hogganummaa hojiin qorame yeroo dheeraa kan qabuu fi qabsoo bilisummaa Oromoo keessatti gumaacha ol-aanaa kan qabu dha. J/Galasaa Dilboo akeeka dhaabichaa kan tahe walabummaa Oromiyaa tti saba isaa hawwatee fi hiriirsee injifannoon akka gahu mamiin hin jiru.

J/Mulugeetaa Moosisaa akkasuma muuxannoo hedduu, murannoo bilisummaa saba isaa fi toora walabummaa biyyaa isaa irratti ejjennoo hin daddaaqne qabaachuun beekkama. Akkasumas qondaaltonnii dameelee kan biraa hogganan tuuta hoggansaa kanatti filamanii jiru.

Seenaa Oromoo keessatti yeroo murteessaa tahe kana keessatti tuuti hoggantootaa kun humna qabsoo bilisummaa Oromoo tokkoomsu tahu jedhamee abdatama.

Humnoota qabsoo bilisummaa Oromoo yeroo ammaa bakka adda addaa tti caccabanii jiran, injifannoo ABO mirkaneesuuf wal-dhabbii adda addaarra tarkaanfatanii hoggana haarawa kana waliin akka hiriiran waamicha Oromummaa dabarsina. Akkasumas miseensonni ABO kanneen rakkoo adda addaa irraa kan ka'e dhaabarraa ala jiran akka deebi'anii dhaaba kana humneesinu kabajaa fi hafuuraa jaalluummaan gaafanna.

Humnoota Habashaa dhufe-darbaan waggoota 140 oliif namaa-gadi tasifamuun saba Oromoo akka dhaabbatu gochuu, sanyi duguuggaa humna Wayyaanee ifirraa dhaabnee biyya keenyatti abbaa tahuuf hoggana haarawa ABO waliin akka dhaabbattan uummata Oromoof irra deebinee waamicha goona.

Addi Bilisummaa Oromoo sabni Oromoo tokkummaadhaan ka'ee jireenya har'aa qofaaf osoo hin taane fedhii belbelaa harqoota gabrummaa humnoota Habashaa ifirraa kaasee mirkana jireenyaa kan tahe kan mataa isaa dhaabbachuu akka tahe ni hubata. Fedhii belbeltuu kana hubachuudhaan waan humni keenya danda'uu fi karaa dandeenyuun gumaachuuf qophii tahuu keenya ibsina.

Wayyaaneen kan sodaa tokko malee uummata keenya lafarraa fixaa jirtu aggachuudhaaf dhaabbileen siyaasaa Oromoo wal-balaaleffachuurra dabranii hojii qabsoo nurraa eegamu akka raawwannu waamicha goona.

Akkasumas hawaasa idil-addunyaa, dhaabbata tokkummaa biyyoolessaa fi mootummootni biyyoota hundaa sabni Oromoo haqa hiree ifii akka sabaatti fi akka namaatti murteeffachuuf carraaqaa jiru cinaa akka dhaabbataniif waamicha goona.

Oromiyaan ni bilisomti!!

Gumii Sabaa ABO